# XIINXALA WALALOO QOOQA MIIRAA IJA YAAXINA BIFIYYEETIIN

**HUSEEN MUSXAFAA FUFAA**

**WARAQAA QORANNOO DIGIRII BAACHILAR AARTII AFAAN OROMOO, OGBARRUUFI QUUNNAMTIIN GAMISAAN GUUTTACHUUF DHIYAATE**

**MUUMMEE AFAAN OROMOO, OGBARRUUFI FOOKLOORII**
**KOLLEEJJII NAMOOMAA, QO’ANNOO AFAANOTAA, JOORNAALIZIIMIIFI QUUNNAMTII**
**YUUNIVARSITII FINFINNEE**

**FULBAANA, 2014/2021**

**FINFINNEE**

# XIINXALA WALALOO QOOQA MIIRAA IJA YAAXINA BIFIYYEETIIN

HUSEEN MUSXAFAA FUFAA

GORSITUUN: SINQINASH ALAMUU (MA)

WARAQAA QORANNOO DIGIRII BAACHILAR AARTII AFAAN OROMOO, OGBARRUUFI QUUNNAMTIIN GAMISAAN GUUTTACHUUF DHIYAATE

MUUMMEE AFAAN OROMOO, OGBARRUUFI FOOKLOORII
KOLLEEJJII NAMOOMAA, QO’ANNOO AFAANOTAA, JOORNAALIZIIMIIFI QUUNNAMTII
YUUNIVARSITII FINFINNEE

FULBAANA, 2014/2021

FINFINNEE

# Axareera

*Walaloon Ogbarruuwwan Oromoo keessaa umurii dheeraa qabaachuun beekamudha. Qorannoon kunis mata duree “Xiinxala Walaloo Qooqa miiraa Ija yaaxina Bifiyyeetiin” jedhu irratti kan xiyyeeffatedha. Kaayyoon qorannoo kanaa inni guddaan walaloo "Qooqa miiraa" ija yaaxina bifiyyeetiin xiinxaludha. Kanumaan wal qabatee qorannoon kuni kaayyoo gooree isaa walaloo "Qooqa Miiraa" keessatti sadoommiiwwan akkaataa kamiin akka hojii irra oolaniifi ijaaramoonni kanneen akka birsagaa, yeedaloo, bilbila sagalee, sararaafi filannoon jechootaa Walaloo “Qooqa Miiraa” keessatti argamanii maal akka fakkaatuufi akkamiinis akka hiikaaf gumaachanis bal’inaan kan ilaalamanidha. Itti fuufudhaan Qorannoon kuni boqonnaalee tokkoo hanga shanitti jiran kan of keessatti hammatu yemmuu ta’u, boqonnaa tokkoffaa keessatti seensa qorannichaatu ilaalame,itti aansuun boqonnaa lammaffaa keessatti immoo sakkatta’a barruutu hojii irra oole, akkasumas boqonnaa sadaffaa keessatti immoo hiikaafi xiinxala ragaaleetiif iboqonnaa afraffaa keessatti immoo guduunfaa, argannoofi yaboo yookiin yaada furmaataatu hojjatame jechudha.kanaaf Walaloo Qooqa miiraa irratti qorannoon ija yaaxina bifiyyeetiin waan hin adeemsifamneef ragaalee barbaachisoo ta’an tokko tokkoon duukaa bu’uun bifiyyeen walaloo kanaa maal akka fakkaatu ibsameera. Dabalataanis, qorannoo kana keessatti wabiileen hojii kanaaf dhimma irra oolan akkaataa seera mataa isaa eegeen kan ka’amedha. Kanuma irraa ka’uun malleen qorannoo jiran keessaa mala akkamtaatti dhimmi bahamuun kan hojjatamedha. Innis madda ragaalee kanneen akka kitaabolee , barruulee fi waraqaalee qoraannoo adda addaatti dhimma bahamuun kan hojjatamedha.Walumaa galatti qorannoon kuni kan inni  irratti xiyyeeffannoon hojjatame haala fayyadama sadoommiiwwan walaloo Qooqa miiraa keessatti argaman irrattidha.*

# Galata

Hunda dura rabbii haajaa namaa baasee waa hin haajomne sanaaf galati haa tahu., Itti aansuun gorsaa koo Sinqinsh Alamuu gaaddisa naaf ta'uun milkaa'ina qorannookoo kanaaf ga'eensaanii olaanaa ture. dabalataanis, hojii qulqullina qabu fi bu’aa qabeessa qabu akkan hojjedhuuf, yeroo kootti haalaan fayyadamee akkan qorannicha xumuruuf, tumsa jabaa naaf gochaa turan, galanni koo isaaniif daangaa waan hin qabneef ulfaadhaan jedhaan. Ammalleen maatiiwwan koo kan akka ani baradhee iddoo kana gahuuf ofii hirriba malee bulanii, daaranii, beela’anii,fi dhiphatanii kallattii hundaan qaawwa rakkoo koo dhoksan galanni isaanii daangaa hin qabu. Akkasumas hiriyyoota koo kan wajjiin barannu kan yaadaanis ta’e kallattii kamiinuu na jajjabeessan Leetoo Waaqtoaa,A/mannaan Imaam, Abdii Taayyee,Boonaa Didhaa, Abdataa Kumarraa,Abdiisaa Gaarii, Caalaa Gindaabaa,Shaggaa Baadiyyaa, Musxafaa Abshiruu fi namootan maqaa hin dhahin hafe biroollee guddaan galateeffadha.

## Baafata

**Qabiyyee** **Fuula**

Axareera ............................................................ i
Galata ............................................................ ii
BOQONNAA TOKKO: SEENSA ............................................................ 1
1.1. Seenduubee Qorannichaa ............................................................ 1
1.2. Ka'umsa Qorannichaa ............................................................ 2
1.3. Gaaffilee bu'uuraa Qorannichaa ............................................................ 2
1.4. Kaayyoowwan Qorannichaa ............................................................ 3
1.4.1. Kaayyoo Gooroo ............................................................ 3
1.4.2. Kaayyoo Gooree ............................................................ 3
1.5. Barbaachisummaa Qorannichaa ............................................................ 3
1.6. Daangaa Qorannichaa ............................................................ 4
BOQONNAA LAMA: SAKATTA'A BARRUU ............................................................ 5
2.1. Sakatta'a Barruu Yaadrimee ............................................................ 5
2.1.1. Yaada Bu'uura Qeeqa Ogbarruu ............................................................ 5
2.2. Yaada Bu'uura Yaaxina Bifiyyee ............................................................ 7
2.3. Maalummaa Walaloo ............................................................ 9
2.3.1. Amaloota Walaloo ............................................................ 11
2.3.2. Ruqoolee Walaloo ............................................................ 12
2.4. Gosoota Walaloo Barreeffamaa ............................................................ 13
2.4.1. Walaloo Onnisaa ............................................................ 13
2.4.2. Walaloo Seenessaa ............................................................ 14
2.5. Sakatta'a Qorannoowwan Wal Fakkii ............................................................ 14
BOQONNAA SADII: MALLEEN QORANNOO ............................................................ 19
3.1. Mala Qorannichaa ............................................................ 19
3.1.1. Saxaxa Qorannichaa ............................................................ 19
3.1.2. Madda Ragaalee Qorannichaa ............................................................ 19

3.1.3. Meeshaa Funaansa Ragaalee ..... 19
3.1.4. Tooftaa Xiinxala Ragaalee ..... 19
BOQONNAA AFUR: QAACCESSAAFI XIINXALA RAGAALEE ..... 20
4.1. Ibsa Gabaabaa Waa'ee Kitaaba Qooqa Miiraa ..... 20
4.1.1. Haala fayyadamiinsa sadoomiwwaan walaloo ''Qooqa Miiraa'' ..... 20
4.1.2. Akkasaa ..... 20
4.1.3. Bakkasaaa ..... 22
4.1.4. Nameessa ..... 24
4.1.5. Arbeessuu ..... 25
4.1.6. Sobdhugaa (fuggisoo) ..... 26
4.1.7. Agiboo ..... 27
4.1.8. Fakkoommii Aadaa ( Cultural Symbol ) ..... 29
4.1.8.1. Fakkoommii Haala Galumsaa ..... 30
BOQONNAA SHAN: CUUNFAA, ARGANNOOFI YABOO ..... 32
5.1. Cuunfaa ..... 32
5.2. Argannoo ..... 32
5.3. Yaboo ..... 33
Wabii ..... 34

# BOQONNAA TOKKO: SEENSA

## 1.1. Seenduubee Qorannichaa

Uummanni duri kaase qaroomina bu'uura eenyummaa isaa dhalootaa dhalootatti dabarsa ture ni qaba. Mallattoo eeenyummaa uummannii Oromoo aadaa , seenaa , duudhaafi falaasama , jiruufi jireenyaa keessatti kan mataasaa saba qabudha. Egaan jiruufi jireenya bu'uuraa hawaasni qabu kun immo dhalootaa dhalootatti kan danbali'u ogbarruudhanidha.jecha ogbarruu jedhu jecha afaan ingilizii '' literature'' jedhu irraa jijjiirame gara afaan oromotti akka hiikame barreessitonni ni ibsu. Akkasumas maddi jechichaa jecha laatinii ''litra'' jedhurra kan dhufe yemmu ta'u harfii qubee ta'ee ogummaa barreeffamaa jechuutti akka hiikamu fedhasaa taaddasaa ni ibsa. Afaan Oromootti yeroo deebinu ogbarruun kan barreeffaman qofa dhaloota dhalootatti kan darbu miti. Dhugummaa jiruuf jireenya uummataa Oromoo keessatti mul'atuun yeroo ibsinu ogbarruun barreeffamaa fi afaanin dhalootaa dhalootatti darbu danda'a.

Ogbarruun kalaqa sammuu ta'e jechoota filatamoodhaan yaada barbaade afaaninis ta'e barreeffamaan mi'eessee miidhagsee kan dabarsudha./Asafaa 2009/. Ogbarruu oromoo bifa kanaan yoo ilaalle afoolaa fi barreffama hammachurratti walii galuun ni danda'ama . Akka kanaan yaaxinni ''Ogbarruun hojii kalaqa afoolaa fi barreeffamaa hammatu'' jedhu sun ogbarruu keenyaaf bu'uuradha sababni isaa Ogbarruun Oromoo garri caalan afooladha. Dhiibbaa fi cunqursaa uummaticha irraa ga'aa ture irraa kan ka'e yeroo dheeraaf hin barreeffamin turus harra wareegama qaqqaalii qabsa'oota keenyaan afaan oromoo gara barreeffamaan, ogbarruun keenya akka bishani dhangala'a jira.

Ogbarruun barreeffamaa fi afaanin kan darbu yoo ta'u xiyyeeffannaan qorannoo kanaa ogbarruu barreeffamaan wal qabata. Ogbarruu barreefamaa kan jedhaman Asoosma , Diraamaa fi Walaloo akka ta'an beektonni ni himu. Jechi walaloo jedhu afaan Ingiliziin '' poetry'' kan jedhudha. Innis jecha giriiki ''poiein'' jedhu irra kan dhufe yommuu ta'u hiikni isa uummata jechudha. Walaloo aartii akkaataa jechan dhikkisa humna jabaa qabun hubatamudha. Akkasumas amaloota bu'uraa , dubbiiwwan qolaa ruqiilee fi gosoota walaloo beekun barbaachisadha. Haaluma kanaan waloon tokko yeroo walaloo barreessu uumamaan dandeetti waa uumuu qabaatus waa'ee walaloo beekumsa gad fagoo qabaachuu dhiisu danda'a. Kanaaf

kitaabni walaloo yeroo ammaa kana barreefamaa jiran ulaagaa walaloo tokko guutuu fi guutuu dhiisuu isaa mirkaneessuuf qorannoon irratti adeemsifamu qaba.

Qoratan kunis kitaaba walaloo ‘ Qooqa miiraa ’ jedhu ulaagaa walaloon qabu guutuu fi guutuu dhabuu isaa mirkaneessuf qorannoo adeemsisuuf barbaachisaa ta’e waan itti mul'ateef ogummaa fi beekumsa qabuun qorannoo kana geggeessera.

### 1.2. Ka'umsa Qorannichaa

Adduunyaa kanarraa wanti ka’umsa fi xumura hin qabne hin jiru yoo jedhame nama hin sobsiisu. Waan afaanitiif waan hedduutu nama kakaasa ‘’ waan ofiitiif gugguubachun qabeenya qabeenya caaludha ‘’ akkuma jedhamu qorannoo kanas yaaxina biifiyyeetiin walaloo ‘’ qooqa miiraa ‘’ jedhu irratti qorannoo adeemsisuuf kan isa kakaase wantoota armaan gadiiti.

Walaloon kan ittiin eenyummaa fi aadaa ofii ibsatan waan ta’eef kitaabni walaloo ‘’ Qooqa miiraa ‘’ jedhu waan tuqame kana ni ibsa moo akkasumaan barreeffame kan jedhu bira ga’uu waaan yadeefi .

Walaloon kalaqa dhuunfaa ta’us bu’uunsaa kan waliinii waan ta’eef dogoggorri yoo jiraate sirreessuufi. Kitaaba walaloo irratti qorannoon adeemsifama jiraatus amma yaadame waan hin taanef.

Jabaa ofii jabeeffachuun jajuu qofaan miti , qeequun tumsuu dha yaada jedhu ofitti guungumee barreessaa kitaaba walaloo ‘’ Qooqa miiraa ’’ cimina isaa leellisaa,hanqinoota isaa sirreessuuf. Walumaa galatti qorataan kun kitaaba walaloo ‘’ Qooqa miiraa ‘’ qorachuuf kan isa kakaase waan qaban gumaachuun lugnummaa waan hin taaneef.

### 1.3. Gaaffilee bu'uuraa Qorannichaa

- Gaaffileen bu’uura qorannoo kanaaf ni ta’a jedhamanii filataman kanneen armaan gadiiti.
- Gosoonni sodoommii (dubbii qolaa) kitaaba walaloo ‘’Qooqa miira ‘’ keessatti argaman maal fa’I ?
- Caacculee walaloo ijoon kitaaba kana keessatti argaman eenyufa’ii ?

- Akaakuwwaan sadoomiwwanii fi caacculee walaloo ‘’ Qooqa miiraa ‘’ kana keessatti argaman gahee isan hojii kalaqaa kana keesstti qaban maali ?

## 1.4. Kaayyoowwan Qorannichaa

Kaayyoon qorannoo kanaa kaayyoo gooroofi kaayyoo gooreetti qoodama.

### 1.4.1. Kaayyoo Gooroo

Kaayyoon qorannoo kanaa akka walii galaatti kitaaba walaloo ‘’Qooqa miiraa’’ ija yaaxina biifiyyeetiin xiinxaluudha.

### 1.4.2. Kaayyoo Gooree

Kaayyoon gooree qorannoo kanaas haala armaan gadiin ka’amaniiru.

- Goosoota sadoommii (dubbii qolaa) kitaaba walaloo ‘’ Qooqa miiraa ‘’ ifa gochuu.
- Caacculee walaloo ijoo kitaaba walaloo kana keessatti argaman addaan baasu.
- Ga’ee akaakuuwwan sadoommiiwwaniifi caacculee walaloo kitaaba walaloo ‘’ Qooqa miiraa ‘’ keessatti hojii kalaqaaf qabuun ibsuu.

## 1.5. Barbaachisummaa Qorannichaa

Qorannoon kun faayidaalee armaan gadii nii kenna jedhamee ni abdatama.

- Qorannoon kun waloon walaloo yeroo barreessu yaadota qorannoo kanaa keessatt tuqaman yoo fayyadame walaloo bu’aa qabeessa barressu akka danda’u nii taasissa.
- Qorannoon kun qorannoo biraatiif madda ta’uu ni danda’a.
- Namoota gara fuulduraatti walaloo kanas ta’e kan biraa irratti qorannoo adeemsisuu feedhaniif akka ka’umsatti ni gargaara.
- Guddina qorannoo ogbaarruu afaan oromoo irratti shoora ni taphata.
- Walumaa galatti qorannoon kun qorataaf humna.

## 1.6. Daangaa Qorannichaa

Qorannoon kun kan adeemsifaman ogbarruu barreeffamaa irrattidha. Ogbarruuwwan barreeffamaa jiran keessaa kan irratti xiyyeeffate walaloo irrattidha. Haaluma kanaan walaloo jiran kessaa walaloo barreeffamaa irratti hundaa'edha. Walaloo barreefamaa jiran keessaas kitaaba walaloo ‘’ Qooqa miiraa’’ irratti kan fuulleffatedha. Bu'uuruma kanaan qorannon kun yaaxinaalee ogbarruu xiinxaluuf fayyadaman keessaa yaaxina biifiyyerratti hundaa'uun kitaaba walaloo ‘’ Qooqa miira ‘’ kan xiinxaludha.

# BOQONNAA LAMA: SAKATTA'A BARRUU

## 2.1. Sakatta'a Barruu Yaadrimee

Qorataan qorannoo tokko gaggeessu yeroo kamuu sakatta'a barruu yaadrimee gaggeessuun qorannoo isaa kan adeemsisudha. Sakatta'an barruu yaadrimee qorannoo kanaaf ta'anis akkaataa armaan gadii kanaan kan ibsamanidha.

### 2.1.1. Yaada Bu'uura Qeeqa Ogbarruu

Seenaan jalqabbii qeeqa ogbarruu qeeqa walalootiin wal qabata. Amma hojiin kalaqa asoosama dheeraa jalqabutti walaloon akka Ogummaa kalaqaa walii galaatti ilaalamaa ture. Kanaafuu qeeqni jaarraa18ffaa dura hojii walaloo irratti barreeffame kamuu akka qeeqa barruu kalaqaa hunda hammatutti fudhatama. Yaadakana Dutton (1884:15),"*any criticimiruritten* before *approximately 1800 may be understood as criticism of creative literature ingeneral*" jechuun ibsa.

Ragaan intarnetii http://ow/.engilsh.purdued.edu irraa argame hojiin qeeqa ogbarruu umurii dheeraa akka qabuufi yeroodhaa gara yeroottis guddachaafi dagaagaa akka dhufe yoo ibsu,*literary criticism goesall the way back to the days of plato. "Through the years,it has developedand study literature.Because there are amillion different ways to dessect written works,suchasnoves or poems*"jedha. (Zarihun 2003) akka ibsutti, maalummaafi barbaachisummaa qeeqa Ogbarruu, akkaataa itti hojjeetuufi shoora inni biyya tokko keessatti taphatu ilaalchisee ilaalchaawwaaniifi hiikaawwaan hedduu irratti kennamaniiru. Barreessittoonnifi beektoonni Ogbarruu irratti heddu wal mormaniiru; heddus dubbataniiru. Kana irra kan ka'es qeeqni Ogbarruu qaroominaa Giriikii irraa kaasee hang har'aatti falaasamoonniifi ilaalchaawwan adda addaa irratti calaqqisiisaniiru. Namoonni waa'ee isaa qorataniifi barreessan akka raga bahanitti qeeqni Ogbarruu,hojii kanaan warra duraaniiti jedhaman kan maqaan isaanii dhahamu,pilaatoofi Aristootil irraa kaasee hanga har'aatti yaadoleen adda addaa irratti mul'achaa, guddaachaafi jijiiramaa kan dhufe damee hojii Ogbarruuti.Wanti barreeffamaan jiru tokko qeeqaaf dhiyaachuun seeruma Ogbarruuti.Qeeqamuus qaba. Yoo tokko kan barreessu ta'e, kaan barreessuu baatullee waan barraa'ee dubbisee qeequun waan barreeffame sana malee nama barreesse sana miti. Kana

jechuun qeeqa Ogbarruuf ulaagaan lafa kaa'amuu qaba jechaadha.Jechi qeeqa jedhamuu yeroo baay'ee waa fashaleessuuf dhimma namni tokko itti gargaaramu fakkaata.Ogbarruu keessatti garuu qeeqa jechuun dhimma tokko irratti adeemsa qaaccessaafi madaallii gargaaramuun murtii ta'e irra gahuuti.

Kunis waan barreeffame tokko jabinaafi hanqina isaa, faayidaafi miidhaa isaa, sirrummaafi dogoggora gocha yookaan wanta dhuunfaa tokko ilaalchaafi haqa ta'uu isaa ittiin kan adda baafnuudha. Kunis hir'inaafi jabinasaa adda baasuutiin kan raawwatu yoo ta'eeyyuu, ulaagaa dhimma tokko ittiin qeequurra dhaabbatanii rakkoo adda baafame sanaaf yeroo itti furmaanni dhimmichaaf barbaadamuudha. Qeeqa keessatti gadi fageenyaan dhimma tokko qoruun murtii ta'e irra gahuu ta'ee, raga irra dhaabbannee gaariifi badaadha jenne kan agarsiisnu qabaachuu qabna. Barruu qeequu keessatti jechootiin xiinxaluu, qaaccessuu jedhamanfi hiikuu jedhaman dhimmoota baay'ee murteessoodha. Qeequun gama mudoo isaanii qofa osoo hin taane, gama jabina isaanis qeequutu namarraa eegama. Qeequun hojii tilmaammii(guess work) miti. Sababiinsaa qeequun firii mata duree yookaan dhimma tokko gadi fageenyaan erga qaaccessanii madaalaniifi hiikanii booda gaarummaafi fafasaa mirkaneessanidha. Fakkkeenyaaf, Barruu tokko qeequu keessatti qaaccessaan kitaaba,seensa, qaamaafi goolaba dhimma qaaccessu keessatti dalagaaleen raawwataman ni jiru. Kanaafuu qeeeqni ogbarruu xiinxalaafii madaallii Maalummaa qeeqa ogbarruu irratti yaadolee, ilaalchaawwaniif falaasamoonni adda addaa waan jiraniif, hiika waliigalaa kan yaada hunda isaanii walitti qabuufi mijaata ta'e lafa kaa'uun rakkisaa ta'us, garaagarummaa isaan jidduu jiru akkuma jirutti ta'ee qabxiiwwan bu'uura ta'an irratti walitti dhufeenyaafi tokkummaa akka qabanis yoo ibsu,hojiin qeeqa Ogbarruu baroota dheeraaf yammuu turu, falaasamoota bara baraan mul'atan irratti hundaa'uun hiikawwan hedduun hojii qeeqaa yoo rawwatu, Ogummaa kanaaf hiika mataa isaa kennaa tureera.Haala kanaan qeeqxonni hedduun bara baraan waan kaa'aniif,hiikni yaadolee isaanii walitti qabatuu danda'u kana jechuun jala muranii lafa kaa'uun rakkisaa ta'a jechuudha.Ilaalchiifi malli hordofamu garaagara ta'u isaaniitiin hiikaawwan kennaman tokko ta'u baatanis dhimmoota bu'uura ta'an irratti garuu, walitti dhiyeenya, darbees tokkummaan jiraachuu hin oolu.Haala kanaan hiikaawwan daangaa qeeqa Ogbarruu dhiphisuufi bal'isuun kennaman arganna.

Ragaan toora interneetii http://ow/.engilsh.purdued.ed irraa argames “Literry criticicism providessome general guide lines to help us analize deconstruct,interpret and evaluate*,”* jechuun ibsa. Kunis qeeqni ogbarruu hojii ogbarruu tokko xiinxalluu,hiikuufi madaaluuf kan karaa namatti agarsiisu ta’uu isaa ibsa.Ragaan toora interneetii http://ow/.engilsh.edu Ogbarruu yoo ibsu,”literary critism helps us to go inside of text and under stand the written work from manydifferent view points” jedha. Akka yaada kanaatti qeeqni ogbarruu, barruu tokko kallatti adda addaatiin gadi fageenyaan ilaalanii hubachuuf akka gargaaru ibsa. M.Ellis,(1974:54) faayidaa qeeqa Ogbarruu yoo ibsu “the purpose of literary criticism is to render the text more enjoyable to the render, to encourage and excite his appre citation of the text, to explicate it, and to point out to him what he might other lucid have missed.” Jedha.

Yaaxina jechuun adeemsa Ogbarruu tokko ittiin hubatamuufi xiinxalamu yammuu ta’uu, faayidaa Ogarruu walitti dhufeenya barreessaafi barreeffamichaa,dubbisaa,hawaasaa,seenaafi afaan ittiin barreeffamee kan agarsiisuu ta’uu isaa yaadni toora interneetii http://ow/.engilsh.purdued. Irraa argame ni ibsa. “*Theory is the process of under standing whatthe nature of literature is, what the function it has, What the relation of textis to author, to* reader, to language of the frames of judgement “ jechuun ibsa.Yaadni kuni hojii ogbarruu tokkoo xiinxalluuf, yaaxinaalee qeeqa Ogbarruu bu’uureffachuun barbaachisaa akka ta’e agarsiisa. Yaaxinaaleen hojii kanaaf oolanis hedduudha. Hojiin ogbaruu tokko karaa adda addaatiin kan ilaalan waan ta’eef namni hojji Ogbaruu tokko irraatti xinxala taasisuus dhimma irraatti xiyeeffachuu barbaadu erga adda baaseen booda yaayina dhimmaa sanaan walqabatu filachuudhaan hajiisaa geggeessuu qaba. Haaluma kanaan yaaxinaalee jiran hedduu keessa hojii qorannoo kanaaf kan filaatame yaaxina bifiyeet.

### 2.2. Yaada Bu’uura Yaaxina Bifiyyee

Yaaxinni bifiyyee yaaxinoota hojii Ogbaruu tokko ittiin qeeqaman keessaa isaa tokko yoo ta’u xiyyeeeffannaan isaa bifaa Ogbarruu sanaa qofa akka ta’ee beektonni ni bsu.

Ragaan maddi isaa interneeti ta’e *Http://ow/.engilsh.purdued.* irraa argame yaaxina kanaa akka armaan gaditti ni ibsa.

*In literary theory,for malism refers to critical approaches that analize, interprate or evaluate the in herent fecatures of a text. These factures include not only grammar and synaxt but also literary devices such as meter and tropes. The formalist approach reduce the importance of text's historical,biographical,and cultural context. According to the new criticism, we should judge books the same way,rather than worring about the author's back ground or our own reaction to a book. We should evaluate work based on the text it self. Since we are only dealin with the text. We would be doing what is called a closed reading. Which requires taking apart atext and looking at its individual elements, such as the me, setting,plot and structure.*

Ibsa kana irraa akka hubatamutti yaaxinni bifiyyee qo'annaa hojii Ogbarruu (kan akka walaloo, do'ii fi asoosama) irratti taasifamu ta'ee xiyyeeffannoon isaa uumama bifa barreeffamichaa (waantota Ogbarruu sun irraa uumame) qofa irratti. Waantota hojichaan ala dhufan kan akka Ogbarruun sun faayidaa inni hawaasichaaf qabu,jireenya hawaasichaa hangam akka agarsiise, walitti dhufeenyi inni seenaa jireenyaa barreessichaa wajjiin qabuufi kan kana fakkaataniifi xiyyeeffannoo hin kennu. Akka yaaxina kanaatti ciminniifi hanqinni Ogbarruu, tokkoo kan safaramu ijaarsa bifa isaatiini. Kanaafuu,namni yaaxina bifiyyee tokko irratti hundaa'ee hojii Ogbarruu tokko xiinxalu,barreeffamicha gadi fageenyaan dubbisuudhaan hojii sana keessatti miidhaginni akkaataa itti mul'ate, kutaaleen maal akka fakkaatu sakkatta'a.

Haaluma kana fakkaatuun maddi interneetii http://owl.engilsh.purdued.edu akka kaa'utti,yaaxinni bifiyyee hojii Ogbarruu tokko irra keessaa ilaaluun kun gaarii yookiin badaa jechuun osoo hin taane, haala waaliigalaan qaama barruu sanaa guutummaan keessa seenanii bifisaa jechuunis,haala ijaarsa isaa,haala filannoo jechootaa,duraa duubummaafi itti fufiinsummaa yaadaa, akkasumas itti fayyadama malleen dubbii(dubbii haalawaa) yaaxinichaan wal qabsiisuun ilaaluu irratti xiyyeeffata.

Haala kanaan ga'umsa barruu kalaqaa sana gadi fageenyaan ibsuu ni danda'ama. Gama biraatiiniis, yaaxinni bifiyyee hojii kalaqaa tokko xiinxaluuf,qaama barruu sanaa gadi caccabsuun kan ilaalu naannoo,baraa fi barreessaa irraa walaba godheeti "formalis attempts to treat each work as its own distnict piece, free from environment,era,and even author" Bu'uuruma kanaan yaaxinni kun hojii kalaqaa tokko qeequuf, gaaffilee armaan gadii irratti xiyyeeffata. Isaanis:

Hojii barruu kalaqaa sana keessatti dubbiin qolaa yookiin haalawaan ( akkasaan, arbeessuun, habalakni, sobdhugaan,namoomsuun, fakkoommiin,arbeessuun eemitiinfi kan kana fakkaatan akkamiin hojii irra oolan?

Xiinxala caacculee walaloo kanneen akka( yeedaloo, birsaga, sarara, bilbila, sagaleefi filannoon jechootaa) barruu sana keessatti argaman akkamiin hiikaaf gumaacha godhan?

Walumaagalatti, yaaxinni bifiyyee qabxiilee armaan oliifi kanneen kana fakkaatan irratti hundaa'uun hojii Ogbarruu tokko xiinxaluu irratti akka xiyyeeffatu yaadoleen armaan olii ni agarsiisu. Hojii qeeqa Ogbarruu dameewwan ogbarruu mara irratti kan gaggeeffamuu danda'u yoo ta'u, yaaxinoonni hojiin Ogbarruu tokko ittiin qeeqamus dhimma agarsiisuuf barbaadame irratti hundaa'uun hojii irra kan oolan ta'a. Yaaxinni bifiyyees dameewwan ogbarruu hundaaf kan hojjetu ta'ee, qorannoo kana keessatti garuu, gosoota Ogbarruu keessaa walaloof hojii irra oole. Walaloo keessatti immoo xiyyeeffannoon yaaxina kanaa walgitiinsa sagalee, gaalee, filannoo jechootaa, dubbii qolaa, haala barruun keessatti ibsame,walunannaa sagalee, caasaa barreeffamaafi kan kana fakkaataniidha. Akkasumas haala ijaarsa isaaniifi qindoomina gidduu isaanii jiru ittiin xiinxaluufidha.

### 2.3. Maalummaa Walaloo

Jechi walaloo jedhu afaan Ingiliziin "poetry" kan jedhuudha. Innis jecha Giriikii "poiein" jedhu irraa kan dhufe yammuu ta'u, hiikni isaa uumuu jechuudha.Ilaalcha kanaanis waloon uumaadha! Jechuudha. Kun kan akeekus waloon walaloo kan kalaqu yaada irraa ta'uudha. Walaloon aartii akkaataa jechaa dhikkisa humna jabaa qabuun hubatamuudha.Wal unannifi durdurri sagalee qalbii namaa hawwata.Safarri wal qixxaachuun yeedaloon akka uumamu godha.Yoo birsagoonni bo'oo keessaa wal caalaan dhikkisni uumamu addaa addummaa qabaata.Sun ammoo miidhagummaa hanqisa. Walumagalatti walaloon gosa Ogbarruu miidhagina sagalee,Filannoo jechootaa, dhikkisa hubatamaa, walqixxummaa birsagootaa, walunata sagaleefi durdura sagalee (kan dubbifamaafi dubbachiiftuun) beekamuudha. Kanneentu walaloodhaaf amala bu'uura ta'e. (Daanii'eel,2015:3-6) akka ibsutti,

Walaloo (wal-haaloo) wanti jedhamu kuni kan hawaasni tokko dhikkifata onneesaa,haaloo waliifi saba biraaf qabu ittiin ibsatudha. Hawaasni yeroo wal qeequ, wal haaluufi imaanaa dagatu

akkasumas abalu/ebalu akkas na godhe jechuutiin qeeqa garaa isaa walaloon waliif dhaama. Dhimmoonni afaaniin labata tokko isa itti aanutti darban kuniin bifa weedduu, geerarsa, mirrisa, dhiichisafi kan kana fakkaatan fa'atiin ta'uu danda'a. Haalonni kunniin ammoo yeroo hedduu bifa walalootiin qindaa'u. Walaloon wanti ifa hin bahin akka ifa bahee beekamu, wanti darbee turee akka mul'atu kan taasisisu jechoota filatamootiin Ogummaa qindaa'udha. Walaloo keessatti jechoonni filatamoon tartiibaan taa'uun ergaa karaalee nuti ittiin waan ifatti baafnee himaachuuf sodaa irratti qabnu tokko dubbii qolaatti gargaaramuun futtaafannuudha.

Dabalataanis, walaloon waan tokko yookaan gocha tokko guddisee qalama dibee, ibsaa irratti ibsee, cimseefi gabaabsee jechoota filatamoon qindeessee dhiyeessuun yeedaloo yookiin (muusical tone) isaatiin miira namaa qirqirsuun dhiyeessuudha.Walaloon gosa Ogbarruu baay'ee koobama jechoota muraasaan waan baay'ee jechuu danda'uudha. Gosoota Ogbarruu biroo caalaa jechoota humna qabeeyyiitti kan fayyadamuufi sararoonni isaa yaada ibsamu sana wal irraa butaniifi wal gargaaranii irratti xiyyeeffachuun kan ifa taasisaniidha. Walaloon miira namaa tuqu irratti olaantummaa kan qabudha. Ogwalaloon muuxannoo nama haala nama gammachisuun, haala miira namaa xuquun miidhagina itti uumeefi gabaabsee dhiyeessudha. Kana irraa kan ka'e ilmi namaa addunyaa kana kan duraanii caalaa sirritti keessa gadi galee akka hubatu isa taasisa. Ogbwalaloon waan tokko guddisee, cimseefi qalama dibee namatti mul'isuu waan danda'uuf, muuxannoo iddoo guddaa kennuufi dhiisuu sirritti nutti hin mul'anne tokko ifa taasiseefi guddisee nuuf dhiyyeessuun waan sana keessa gadi gallee akka hubannu nu garagaara. Ogwalaloon wanti tokko dhugaa ta'uu isaa kan nutti mul'isu qofa osoo hin taane, dhugaan sun guutuufi qabatamaa ta'ee akka nutti mul'atu kan godhudha. Ogwalaloon wanta irraanfatamuuf malu tokkollee akka hin irraanfanne kan nuuf godhudha. Ogwalaloon dhugaa tokko isa duraan hubannu caalaa guddisee haala namatti toluufi haala nama mararuun nuuf dhiyyeessuun akka nuti gurra itti qabnee dhageeffannu nu godha.

Ogwalaloo keessatti jechootiin hundinuu hiika gadi fagoo of keessaa kan qabanidha. Ogwalaloon mul'ata, yaada, dhageettii sammuu keessa jiran jechoota, gaalee, himaafi buufata garaagaraatti gargaaramuun kan dubbatudha. Walaloon jireenya dhala namaa mara tuttuquu danda'a. Dhimmootiin hawwii,fedhii,barbaachaafi dhageettiin keessa dhala namaa karaa walalootiin ifa bahu. Wantoonni faayida qabeeyyiin dhala namaa faana wal qabatan marti,eenyummaa isaallee

dabalatee walaloo uummatichaa faana hidhata guddaa qaba.Walaloon akka nuti ogummaafi barreeessaa keessallee waan mul'ataa tokko argannuufi nu gargaara. Walaloon muraasni ishee qalbii namaa harkisuuf booji'uu irratti shoora guddaa qabdi.

Walaloon dhimmoota uummata darbanii ittiin dhaloota ammaatti himuuf, isa amma rafee jiru dammaqsuuf, jiruufi jireenya fuula duraa toora qabsiisuuf karaa dhageesiffannaa addaati. Walaloo keessatti iccitii guddaa, dhoksaa gadifagoofi dandeetti xiinxalaa guddiifachuun ni danda'ama.Walaloon wayita dubbifamutti miira miidhagaa keessa keenyatti dhageessisu qaba. Dabalataanis, falaasamatu ittiin darba.Ilmi namaa gaddas ta'ee, gammachuu qeequufis ta'ee, ceepha'uuf walaloo akka meeshaa guddaatti itti gargaaramee keessa isaa ibsachuu danda'a.Dabalataanis, walalootti gargaaramnee wantoota muuxannoon keessa keenyatti kuufaman ifa baasuu dandeenya. Aartiifi gammachuu, dhiphinaafi soda qabu; hacuuccaa gama siyaasaafi haqa dhabuutiin hawaasa giddutti mul'atan waloon walalootti gargaaramuun ibsachuu danda'a. Walaloon kallattii ija barreessaan tokko dhimma tokko ittiin ilaaleen akka hubannu nu taasisa! (Isuma) jedhee ibsa.

### 2.3.1. Amaloota Walaloo

Walaloon kan ittiin Ogbarruu biraa irraa adda ba'u amaloota mataa isaa ni qaba. Amaloonni kuniniin bu'aa sagaleen argamu.Isaanis; wal unata sagalee, durdura sagaleefi safara wal qixaa qabaachuudha.Isaan kanatu amala bu'uura walaloo jedhama.Wal unatni sagalee bo'oo keessaa yookiin dhuma bo'oo irratti sagalee wal fakkaataan yeroo xumuraman uumama.Walunanni sagalee kun bifa lamaan mul'achuu danda'a.

Durdurri sagalee irra deddeebii sagalee dubbifamaafi dubbachiftuu jechoota bo'oo walaloo jalqaba, gidduufi dhuma irratti mul'atudha. Durdurri dubbifamaa (alliteration) irra deddeebii sagalee dubbifamaa jechoota walaloo keessatti mul'atu yeroo ta'u, durdurri dubbachiiftuu immoo (assonance) irra deddeebii sagalee dubbachiftuu bo'oo keessa, dalgaafi gubbaa gadi durduramuu ni danda'a.

Safarri birsagaa jechoota bo'oo walaloo keessa jiruu bu'uurefata.Birsagoonni bo'oo keessa jiran yoo wal qixxaatan dhikkisa cimaatu uumama.Amaloonni sagalee bu'uura sadanis uumamuu

dhikkisaaf sababa guddaa ta'u. Dhikkisni immoo amala muuziqaa walaloo sanaati.Sanatu miira dhageeffataa hawwata.Kanaaf qaama walaloo keessaa dhikkisa ilaaluun barbaachisaadha.

### 2.3.2. Ruqoolee Walaloo

Walaloon ruqiilee gurguddoo lakkoofsaan hedduu ta'an irraa kan ijaaramedha.Ruqiilee kanneentu walitti dhufuun akkaataa jecha dinqisiifamuu uuma. Haaluma kanaan walaloon ruqiilee hedduu kan of keessaatttti haammatee argamudha. Ruqiileen kunniinis kanneen akka bilbila sagalee, birsagaa, yeedaloo, sararaa, sadoommiiwanii fa'adha.Kanaafuu ruqiilee kana yoo hubanne malee walaloon maal akka ta'e haalaan beekuu hin dandeenyu jechuudha.Bilbila Sagalee, bilbilli sagalee qooqa walaloo keessatti irra caalaa fayyadudha. Jechoonni haala bu'aa sagaleef gummaachaniin filatamuun yeroo ijaaraman walaloo amala muuziqaa gonfachiisu.Walaloon sagaleeffamuu barbaada.Sagalee dhaga'amutu miidhagina uuma.Ilmi namaa immoo sagalee gurratti tolu dhageeffachuu jaallata.Kanaaf jechoonni akka sagaleef gummaachaniin filatamuu qabu jedhame.Sagaleen walaloof bu'aa guddaa qaba.Miidhaginni dhikkisa walaloo sagalee irraa madda. Sunis dhandhama mi'aawaa akka qabaatu godha. Amala muuziqaa gonfachiisas. Dhikkisni qaama walaloo keessaa isa tokko ta'ee, safara wal unataa, durdura yookaan irra deddeebii sagalee irraa kan uumammuudha. Safarri birsaga bo'oo tokko keessa jiru kan bo'oo biraa waliin wal madaalu yoo ta'e, ol ka'uufi gadi bu'uun sagalee birsagoota sanaan uumamu amala muuziqaa kenna.Kanatus dhikkisa jedhama.

Dhikkisa waliin wal unatni walaloof amala muuziqaa walaloo keessatti uuma.Dheerinni bo'oo lamaan walitti aananii murtaa'aadha.Murtaa'inni kunis wal qixxummaa safaraaf gumaacha.Kan walaloo hololoo irraa adda godhu tokko kana.Safarri dhikkisaaf bu'aa caalaa buusa.Ta'us dhikkisni safara qofaan hin murtaa'u.Irra deddeebiifi wal unanni sagaleewwaniis bu'aa buusan qabu.Kanaafuu, dhikkisni bu'aa sagaleen walaloodhaaf gumaachu jechudha.Sababni isaa qindaa'inni sagalee hin jiru taanaan dhikkisni uumamuu hin danda'u.Kanaaf qaamonni walaloo kuni wal qabatanii deemu. Filannoon jechootaas bu'aa sagaleetiin murtaa'a,sagaleen sirnaan qindaa'e immoo dhikkisa uuma. Akkasumas, Jechoonnis qaama walaloo keessaa isa guddaafi murteessoo kan ta'anidha.Barreessaan jechoota filachuun yaada dabarsuuf barbaade bakka buusa.Barreeffama yookiin dubbii keessatti filannoofi tarreeffamni jechoota walaloo uumuuf bu'uura. As keesstti jechoota filachuun kan asoosamaafi diraamaa caalaa of eegannoo barbaada.

Sababni isaas jechoonni kan filataman bu'aa hiikaafi sagaleef qaban irratti hundaa'uudhaani. Kana malees, akka yaada dubbisaa itti hawwachuu danda'uun filatama.Filannoon jechoota ijaarsa qaama walaloo keessatti bu'aa olaanaa qaba.Kunis yeroo raawwatamu jechi filatame suni haala fi bakki itti galu xiyyeeffatamuu qaba.

Akka kanaan unkaa qabaachuun jechoota; wal dhahuu jechootaa, ciminni sagalee, bu'aa sagaleefi suur-miiraa uumuun fa'a xiyyeeffannoodhaan qindaa'u.Walaloo keessatti jechoota barreessaan filatutu guutummaa yaada isaa bakka bu'a.Jechoonni filataman bu'aa sagaleef qabaniin madaalamu.Kanaaf barreessaan yeroo baay'ee jechoota hiikaa dhaanquu qabanitti fayyadama. Meeshaan guddaan inni kaayyoo isaatiin too'atu Filannoo jechootaati. Jechoota yammuu filannu wantoota gurguddoo lama yaada keessa galchina. Jechoota qusatamoofi udumamoo yookaan yaada bal'aa of keessatti qabatan ta'uu isaanii madaaluunidha.

### 2.4. Gosoota Walaloo Barreeffamaa

(Fedhaasaan,2017:129-136) akka ibsutti "Walaloon barreeffamaa bakka gurguddoo lamatti qoodamu danda'a. Sunis qabiyyee walalichaa bu'uureffata. Isaanis immo, walaloo onnisaafi walaloo seenessaadha."Jedha.

#### 2.4.1. Walaloo Onnisaa

Walaloon onnisaa walaloo miira-ummaan guutamedha. Amala muuziqaa cimaa qaba.Dabalataanis, ilaalchaafi miira waloo ibsa.Jechi "Lyric" jedhu jecha Giriikii "Lyrikos" jedhu ta'ee, hiikni isaa "songs" yaada jedhu irraa madde. Afaan Oromootiin isa afoola keessatti 'weedduu' kan barreeffama keessatti "onnisaa" jedhame. Maqichi miiraa onna'uun guutamuusaa irraa moggaafame.

Walaloon onnisaa barreeffama tartiiba gochaa hin qabne kan waloon miira itti dhufe onnachuun walalchuudha. Silumaayyuu namni aares ta'ee, miirri wahii kan itti dhagahame tokko maal qabee maal gadi dhiisa! Miira aarii keessa waan jiruuf waan hin rawwatamne raawwata; waan hin d ubbatamne dubbatas. Akkuma aadaattuu kana aare ni weeddisa; kan gammade ni sirba yookaan ni faarsas. Dabalataanis, akaakuun walaloo quuqama jaalalaa, argachuuu, dhabuu fi kan kana fakkaatan fa'a ittiin ibsuufis dhimma irra ni oolu.

### 2.4.2. Walaloo Seenessaa

Walaloon seenessaa walaloo seenaa waa'ee taatee raawwatame tokko walalchudha. Gosti walaloo kanaa dhimma ta'iinsa waan tokkoo himuu irratti kan xiyyeeffatu ta'ee, jechootni inni itti fayyadamu qalbii namootaa booji'uuf humna qaba. Kan seeneffama tokko dhiyeesse yookiin gocha tokko addeessuudhaas. Achi keessatti seenaa ta'ee kana irratti hundaa'uudhaanis walaloo seenessaati jedhame (Isuma, 2019)

## 2.5. Sakatta'a Qorannoowwan Wal Fakkii

Sakkatta'aan barruu wal fakkii gosa lamatti qoodama. Isaanis;sakatta'a barruu yaadrimeefi sakatta'a qorannoo walfakkiiti. Sakatta'aan barruu wal fakkii waa'ee dhimmichaa irratti saayinsii barreeffamedha.Fakkeenyaf, waa'ee maalummaa gosoota bifiyyeefi qabiyyee dhimmichaa irratti barreeffamoota bifa kitaabaan barreeffamanii jiranidha.Kanaaf qorataan qorannoo gaggeessa jiru waa'ee qorannoo isaa yaadrimee isaa kan argatu sakatta'a barruu yaadrimee gaggeessuudhaani. Sakatta'aan qorannoo wal fakkii immoo waraqaa qorannoo dhimma irratti hojjatamaa jiru wajjiin walfakkeenya qabudha. Barruun hojjatamaa jiruufi hojjatamee ture bifa Ogbarruu ta'uun wal haa fakkaatan malee qabiyyeefi haalli ittiin hojjetaman garaagarummaa qabu. Kanaaf qorannoon geggeeffamuu irra jiru qorannoo wal fakkii sana ilaaluun wal fakkeenya isaan guutumaan guututti qabaniifi garaagarummaa isaanii akka ka'umsaatti ilaaluuf kan itti fayyadamnudha.

Dabalataanis, sakatta'a barruu wal fakkii jechuun barruu qorannoo kana wajjiin gamiisaan wal fakkaatu gadi bu'anii ilaaludha. Kana jechuun waraqaa qorannoo dhimma walaloon wal qabatu irratti kanaan dura hojjatame kan ilaallatuudha. Innis guutuumaan guutuutti qorannicha wajjiin kan wal fakkaatu osoo hin taane qabiyyee isaatiin garaagarummaa kan qabanidha. Faayidaan isaas qorataan waraqaa qorannoo hojjatu tokko qorannoo kana dura hojjatame ilaaluudhaan akka ka'umsaatti kan itti gargaaramu waan ta'eefidha. Haaluma kanaan qorataan kunis waraqaa qorannoo kanaan dura hojjataman sakatta'uun ilaaleera. Isaan keessaa kan qorannoo kanaan kallattiin osoo hin taane gamisaan wal fakkaatan duguugee akka armaan gaditti kan dhiyeessedha. Waraqaa qorannoo kunneen waraqaa qorannoo kana wajjiin wal fakkeenya qabu.wal fakkeenyi isaanii guutumaan guututti osoo hin taane wal fakkeenya gamisaati.

Muktaar Mohaammad bara 2004 mata duree " qaaccessaa qabiyyeefi bifiyyee dur durii Oromoo Godina Wallagga Bahaa Aanaa Sayyoo " jedhuun ulaagaa digirii (BA) Afaan Oromoofi Ogbarruun gamisaan guuttachuuf qoranno kan gaggeesse yoo ta'u, kaayyoon isaa durdurii oromoo kana qabiyyeefi bifiyyee isaa yaaxina bifiyyee kana irratti hundaa'uun qorannoo isaa kan adeemsiseedha. Xiyyeeffannoon isaas durduriin kuni yoomessa akkamii keessatti akka himamuufi eenyutu akka himu, akkasumas durduriin kun yeroo ammaa sadarkaa akkamii irra akka jiru irratti kan hundaa'edha. Dabalataanis, durdurin kun yoomessa akkamii keessatti akka himamu kan xiyyeeffannoo keessa galchudha.

Egaa walumaa galatti qorannoon kuniifi qorannoon Muktaar Mohaammad wal fakkeenyi isaanii lamaan isaaniituu qorannoo Mummee Afaan Oromootti hojjatamanidha. Akkasumas kan inni hojjatamellee Afaan Oromootiin ta'uu isaati. Kan biraan immoo qorannoon kunniin lamaanuu yeroo hojjatamu yaaxina bifiyyeetti dhimma bahuun isaanii kan wal isaan fakkeessudha. Dabalataanis, qorannoowwan kunnniin kan isaan hojjataman afoola Oromoo irratti ta'uun isaanii kan wal isaan fakkeessudha. Garaagarummaan isaanii immoo qorannoowwan kunniin Muummee kanatti haa hojjataman malee, gama yoomessaatiin garaagarummaa qabu. Kana yoo jedhu qorannoon Muktaar Mohaammad kan inni hojjatame bara 2004 yemmuu ta'u, kan kanaa immoo bara 2014 dha.Akkasumas qorannoo Muktaar Mohaammad Godina Wallagga Bahaa Aanaa Sayyoo irra yoo ta'u, kan kanaa immoo asumatti kan hojjatamedha.Akkasumallee qorannoowwan kunniin lamaan kaayyoofi argannoon isaaanii garaagarummaa cimaa kan qabanidha. Kan biraan immoo qorannoon Muktaar Mohaammad kaayyoowwan ijoo ta'an sadi irratti kan xiyyeeffate yommuu ta'u, kan kanaa immoo kaayyoowwan ijoo ta'an lama irratti kan xiyyeeffatedha. Gama biraatiin immoo qorannoon kunifi qorannoon Muktaar Mohaammad jidduu garaagarummaan jiru kan Muktaar afoola hawaasa keessa jiru bifa af-gaaffiitiin sassaabuun kan gaggeeffame yemmuu ta'u kan kanaa immoo walaloo barreeffamaa kan" kitaaba Qooqa Miiraa *Kuusaa Walaloo*"jedhamu irratti kan xiyyeeffatedha.

Mahaammad Shamsuddiin bara 2011 mata duree "qaaccessa Qabiyyeefi bifiyyee Durdurii Oromoo godina harargee bahaa aanaa baddannoo" jedhu irratti ulaagaa digirii (BA) Afaan Oromoofi Ogbaruun gamisaan guuttachuuf qorannoo kan gaggeesse yoo ta'u, Kaayyoon qorataa kanaa qaaccessa qabiyyeefi bifiyyee durdurii Oromoo godina Harargee Bahaa Aanaa Baddannoo

irratti kan hundaa'edha.Akkasumas xiyyeeffannoon qorataa kanaa immoo durduriin Godina Harargee Bahaa Aanaa Baddannoo yeroo ammaa hawaasa waliin deemaara, durdurin kun yoomessa akkamii keessatti akka odeeffamu yookiin haala duraan hawaasni kuni itti fayyadamu wajiin deemara moo jijjirameera kan jedhu ifa baasuufi durduriin kun yeroo ammaa sadarkaa akkamii irra akka jiru kan qaaccessudha. Egaa wal fakkeenyi qorannoo Mohammad Shamsuddiinfi qorannoo kanaa qorannoowwan kunniin lamaanuu kan geggeeffaman muummee Afaan Oromoofi Ogbarruutti ta'uu isaaniiti. Akkasumas qorannoowwan kunniin lamaan Afaan isaan ittiin barreeffamanis tokko kan isaan taasisudha.Dabalataanis, qorannoowwan kunniin lamaan kan isaan irratti gaggeeffaman qabeenya uummata Oromoo ta'uun isaanii qabatamaadha. Maaliifu afoola waan ta'aniif jechuudha. Akkasumallee qorannoowwan kanniin lamaan kan wal isaan fakkeessu sadarkaa digirii (BA) tti gaggeeffamuu isaaniiti jechudha.Kan biraan immoo qorannoowwan kunniin lamaan yemmuu gaggeeffaman yaaxina bifiyyee bu'uura taasifachuudhan kan gaggeeffamanidha. Garaagarummaan isanii immoo qorannoon kun kan inni irratti xiyyaaffatu "qaaccessa durdurii oromoo Godina Harargee Bahaa Aanaa Baddannoo" yoo ta'u, kuni immoo '*Xiinxala Walaloo Qooqa Miiraa Ija Yaaxina Bifiyyeetiinidha*." Akkasumas qorannoon kuniifi kan Mohaammad Shamsuddiin jidduu garaagarummaan jiru garaagarummaa kaayyoowwan ijoo kaayyeffannee kaaneeti jechudha.Qorannoon isaa kan kaayyeeffate kaayyoowwan ijoo ta'an sadi irratti yammuu ta'u kan kanaa immoo kaayyoowwan ijoo ta'an isaan lama qofadha. Walumaagalatti qorannoowwan kanniin lamaan qorannoo kanaan kan isaan walfakkeessu yaaxina bifiyyeetti dhimma bahuu isaanii yemmuu ta'u, Garaagarummaan isaanii immoo qabxii xiyyeeffannoo isaaniitidha.

Mitikkee Alamaayyoo bara 2010 mata duree "xiinxala Asoosama Dheeraa Madaa Ciqilee Yaaxina Bifiyyeetiin" jedhuun ulaagaa digirii (BA) Afaan Oromoofi Ogbarruun gamisaan guuttachuuf qorannoo kan geggeessite yoo ta'u, kaayyoon ishee "Asoosama Dheeraa Madaa Ciqilee Yaaxina Bifiyyee bu'uura taasifachuun xiinxaludha". Xiyyeeffannoon ishees ijaarsa caasa, akkaataa dhiyeenya nam-fakkii olaanaafi masaanuu, yoomessa,ija seenessaafi dubbiiwwan qolaa barruu sana keessa jiran irrattidha.Bu'aa qorannoo isheetiinis ijaarsa caacculee eeramanii ilaalchisee asoosama ishee keessatti ciminnifi hanqinni jiraachuu isaa agarsiistee jirti.

Abdii Waaggaarii bara 2007 mata duree “Qaacceessa Asoosamoota Tuullaa Cubbuufi Ichima Jaalalaa, Yaaxina Bifiyyeetiin” jedhuun waagaa digirii (MA) Afaan Oromoofi ogbarruun guuttachuuf qorannoo kan gaggeessee yoo ta’u, kaayyoon isaa immoo asoosamoota eeraman yaaxina bifiyyee bu’uura taasifachuun xiinxaluudha. Xiyyeeffannoon isaas ijaarsa caasaa, akkaataa dhiyeenyaa nam fakkiilee gurguddaafi masaanuu, yoomessaa garumsaa yookiin ijaseenessaafi dubbiiwwan qolaa asoosamoota keessatti argaman irrattidha.

Qananii Baayisaa bara 2008 mata duree “Asoosamoota Burreen Bifa Tokkoo Mitifi Diba Yaaxina Bifiyyeen” jedhuun ulaagaa digirii (MA) Afaan Oromoofi ogbarruun guuttachuuf qorannoo gaggeesse yoo ta’u, kaayyoon isaa immoo asoosamoota kanniin Yaaxina Bifiyyeetti dhimma bahuun xiinxaludha.

Qorannoon kuniifi qorannoowwan kunniin yaaxina bifiyyee irratti hundaa’uun Ogbarruuwwan barreeffamaa filataman xiinxaluun hamma tokko kan isaan wal fakkeessuu yoo ta’u, wanti adda isaan taasisu immoo qorannoon kuni Ogbarruuwwan barreeffamaa keessaa walaloo kan xiinxalu yoo ta’u, qorannoowwan kunniin immoo Ogbarruuwwan barreeffamaa keessaa asoosamoota dheedheeroo xiinxaludha. Dabalataanis, qorannoon kunifi qorannoowwan Abdii waaggaariifi Qananii Baayisaa wanti garaagarumma gidduu isaanitti uumuu kun sadarkaa (BA) tti Yammuu gaggeeffamu, kan isaanii immoo sadarkaa (MA) tti qorannoowwan gaggeeffamanidha. Akkasumas qorannoon kuniifi qorannoowwan kunniin qabiyyeedhaanis garaa garummaa baay’ee bal’aa ta’e qabu. Kunis qabiyyeen qorannoo kanaa dhiphaadha. Kan isaanii (MA) baay’ee bal’aadha. Dabalataanis, garaagarummaan gidduu qorannoo kanaafi qorannoowwan kanniiniitti mul’atan garaagarummaa yoommeessaati. Qorannoon kuni kan dalagame bara 2011 yammuu ta’u, kan isaanii immoo (2007fi 2008) tiidha wal duraa duubaan.

Dabalataanis, qorannoon Mitikkee Alamaayyoofi kanaa garaagarummaa isaanii tokko garaagarumma yoomessaati. Inni biraan immoo kan ishee Ogbarruu barreeffamaa ta’ee asoosama dheeraa irratti kan gaggeeffamedha.kan kanaa immoo qorannoo Ogbarruu barreeffamaa keessaa walaloo irratti qorannoo gaggeeffamedha. Wal fakkeenyi isaanii immoo qorannoon kunniin lamaanuu qorannoo yaaxina bifiyyeedhaan gaggeeffameedha. Walumaagalatti qorannoowwan qorannoo kanaaf akka barruu wal fakkiitti fudhee ilaalee kunniin Ogbarruuwwan barreeffama irratti qorannoo gaggeeffame jiru ta’uun isaanii kan wal isaan

fakkeessuu yoo ta’u, qabxiin garaagarummaa isaanii immoo qabxii xiyyeeffannaa isaanii ta’a jechudha.

# BOQONNAA SADII: MALLEEN QORANNOO

## 3.1. Mala Qorannichaa

### 3.1.1. Saxaxa Qorannichaa

Qorannaan kun sababa yaadrimee haaraa waa'ee yaaxxina biyyee walaloo barreeffamaa kana keessa jiru qaaccessuun addaan baasee agarsiisuf kaayyoo irratti hundaa'uun qorannoo bu'uuraa jalatti ramadama. Bifa inni dhiyaatuun qorannoon kun waa'ee yaaxxina bifiyyee kitaaba walaloo kanaa waan ibsuuf qorannoo ibsituu jalatti ramadama.

Madda raga isaa irraa odeeffannoo yaadrimeen funaanuun raga argates qaaccessee yaadrimeen waan dhiyeessuuf akaakuu ragaaleefi tooftaa ragaalee ittiin funaanu irratti hundaa'uun qorannoo yaadrimeetti dhimma baha. Kanumarraa ka'uudhaan qorataaan kunis, qorannoo kana hojjetee xumuruuf malawwan kanatti dhimma baha

### 3.1.2. Madda Ragaalee Qorannichaa

Qorataan madda ragaalee qorannichaa gaggeessuuf itti fayyadame kitaaba walaloo "Qooqa Miiraa "jedhudha. Dabalataannis kitaabileefi qorannoowwan waa'ee yaaxxina bifiyyee irratti kanaan dura barreeffamaniifi hojjitaman irrattidha.

### 3.1.3. Meeshaa Funaansa Ragaalee

Qorataan qorannoo kana gaggeessuufi argannoo irra ga'uuf meeshaan funaansa ragaa sakatta'insa kitaabilee, qorannoo biroofi kitaaba walaloo "Qooqa Miiraa" jedhuuti.

### 3.1.4. Tooftaa Xiinxala Ragaalee

Tooftaan xiinxala ragaalee qorannoo kanaaf barbaachisaa ta'e, xiinxala yaadrimee/ akkamtaadha/. sababni isaas xiinxalli qorannoo kanaa lakkoofsaan osoo hin taane yaadirimeedha. Kanaaf, waa'ee malleen dubbii kitaaba walaloo kanaa haala kanaan kan xiinxalamudha

# BOQONNAA AFUR: QAACCESSAAFI XIINXALA RAGAALEE

## 4.1. Ibsa Gabaabaa Waa’ee Kitaaba Qooqa Miiraa

Kitaabni walaloo ‘’ Qooqa Miira ‘’ jedhu kan bara (2020) A.L.A tti waloo Raagaa Isaayyaas Jaallatatin barreffame. Kitaabni kun magaalaa finfinnetti maxxaanfame. Kitaabni kun mata dureewwaan shantamii lama (52) of keessaa qaba. Barreessaa kanaaf kitaabni kun isa jalqabaati dhimmooti kitaabi walaloo ‘’ Qooqa Miiraa ‘’kana kana keessatti ibsaman waa’ee jireenya hawaasa oromoo, waa ‘ee aadaa fi safuu oromoo, haala siyaasa uummata oromoo, akkasumas kaayyoo qabaachuu, obsafi waa’ee kutaannofi murannoo jiruuf jireenyaa ibsa.

### 4.1.1. Haala fayyadamiinsa sadoomiwwaan walaloo ‘’Qooqa Miiraa’’

Jechi sadoommii jedhu jecha afaan oromoo ‘sada’ Jedhu irraa kan dhufe yoo ta’u hiikni isaa immoo, mataan dubbachuu ykn hiika galeef himni tokko duraan qabu irraa dabsuun ykn jallisuun dhimma itti ba'uu jechudha. Haaluma kanaan walaloo ‘’Qooqa Miiraa ’’ jedhu kana keessatti gosoota sodommiwwanii hedduutu argama. Isaanis haala armaan gadiitiin dhiyaataniru.

### 4.1.2. Akkasaa

Akkasaa wantoota lama kan uumaman wal hin fakkaanne amala, bifa, hojjaan, guddinaa fi haala wantoota biroon wal biroon wal bira qabuun wal dorgomsisuudha. Haaluma kanaan akaaku akkasaa walaloo kana keessatti argaman haala armaan gadii kanaan kan xiinxalamaniidha.

FKN. 1 *Akka aaraa abiddaa*
*Utuu gola marsituu*
*Haqaaqa dhoksaaa koof*
*Daba danuu marqituu*
*Gadda koo sileessituu*
*Utuu fala injirtuu*
*Mudhuktee daka buute*
*Jirta garuu, hin jirtuu*

(fuula 37)

Walaloo armaan olii irraa akka hubaannutti barreessaan kun aara abiddaa fi diina wal bira qabuun diinni yeroodhaaf akka aara abiddaa akka nama rakkisu ta'u ibsa. Akkasumaas aarri abiddaa umurii kan hin qabne ta'u garuu barreessaan kun umuriidhaan akka tutturu barbaada. Mee odeeffannoo itti aanu haa xiinxallu

FKN. 2 *Akka ati akka ammeebaa*

*Boca dhaabbataa dhabdu*
*Geerarsa dharaatifis*
*Jala qooda qabdu*
*Dursee hin barreef malee*
*Joortuu yaa kurkuree*
*Gaafa dhaloota kee*
*Hin iliilchuun turee*

(fuula 6 )

Akka walaloo kana irrraatti hubannutti barreessaan kun ameebaadhaafi hamattuu wal bira qabuun hamattuun nama namatti jijjiiramu (haala dhaabbataa hin qabne ) agarsiisa. Akka barreessan kun jedhutti yeroo hamattuun dhalattu utuu dura kan beekamu ta'ee ililchuun gaarii akka hin taane dubbata. Walaloo itti aanu kana haa ilaallu

FKN. 3 *Akka qodaa cabaatti*

*Qabaa bultii kee eggadhu*
*Gaafa raftu qofaa mitii*
*Gaafa mugdus eeggadhu*

(fuula 51)

Barreessaan kun qodaa cabaa fi bultii ykn gaa'ila wal bira qabuun ibsa. Akkaa ittuu badduu ba'e faayidaan ala ta'u, gaa'illi eggannaa hin qabne akka diigamu danda'u akeeka. Odeeffannoo itti aanu kanaas mee waliin haa ilaallu

FKN. 4 *Dhoqqatus dhooqqatus*

*Haalli fi bakki koo*

*Akka mataa cilaalluu*

*Gad jedhus akkikoo*

*Hin godhaadhu marqaa*

*Imala koof galaa*

*Bubbulus haqatu*

*Milkoomina dhalaa*

(fuula 33)

Barreessaan walaloo kanaa jireenyasaa har'aafi mataa cilaalluu wal dorgoomsiisuun eejjennoo fulduraaf qabu mul'isaa jira. Hammaam haalli yoo itti ulfaateyyuu karaa dhugaa malee karaa sobaa milkaa'uu akka hin barbaanne ibsaa jira. Walumaa galatti barreessuun kun malleen dubbii jiran keessaa akkasaa fayyadamnuun kitaaba walaloo '' Qooqa miiraa'' jedhu keessatti ergaa dabarfateera.

### 4.1.3. Bakkasaaa

Bakkasaan ( iddeessi) kan wanta tokko bakka waan bira buusaa waanuma sanuma taasisudha. Misgsaanu (2012:80 ) yaada kana deeggeruun iddeessaan wanta tokkoo waaan biraan bakka buusa. Malee waan tokkko isa biraatif akkuma jirutti kanumaan dhiyeessera jedha. Mee walaloo kana waliin haa ilaallu

FKN.5 *Murtii turtii hin qabneef*

*Sagaal sitt dhaamee*
*Kottu adaraa jedhee*
*Hi'isaa si waamee*
*Erga ati dhufteemmoo*
*Siin goorduuba kaa'ee*
*Ofii kootii ol darbee*
*Gola keessa taa'ee*
*Atis naan eeguutti*
*Gogdee siidaa taatee*
*Mukuun siif gamsiifnaan*
*Mana kooti baate*

Fuula ( 56 )

Walaloo kana keessatti barreessaan kun jaalallee isaa bakka siidaa buusuudhaan ibse jira. Jaalallee isaa yeroo inni waa uumutti mana isaa dhuftee dhaabbattee hafuu ishee siidaa bakka buusuun ibsa. Walaloo biraa armaan gadiis haa xiinxallu

FKN. 6 *Kan fuullee kee keessaan*

*Boriin koo ilaala mu*
*Kan keennaa jaalala keen*
*Eenyummaan k oo faayamu*
*Kan moorkii dubbii kee*
*Laphee koof areeraa*
*Lamuu sin dhamaasu*
*Badii koo bareera* fuula (57)

Barreessaan kun dubbii jaalalle isaa areeraan bakka buuse. Dubbiin jaalallee isaatii kun areera ta'e kan laphee isaa qabbaneessaa jiru ta'u wal dorgoomsiisee jira. Walaloo arman gad ii haa xiinxallu.

FKN.7 *Nama miti bineensaafuu*

*Dura mirga eegsifnaa*
*Taasifnee karra taana*
*Qarooma dachaa seensifna*
*Lootiin keenya beekumsaa*
*Amartiin keenya nagaadha*
*Nuti gabaajeen ogummaa*
*Sirni gadaa ragaadha*

Fuula (72)

Walaloo kana keessatti barreessaan kun beekumsa bakka lootii buusa. Nagaa Immoo amartii bakka buusuun ibsee jira. Sababni isaa lootii fi amartiin meeshaa faaya oromooti lootiin akkuma gurra bareechu ( miidhagsu ) beekumsi oromoon qabus sirna aadaa oromootti gurra godhee ( kabachiise ) ibsee jira. Akkuma amartiin waan jaallatamuuf gurratti kaawwatan . oromoonis nagaa akka barbaaduuf jaallatu barreessaan kun bakka buusee ibseera.

### 4.1.4. Nameessa

Namoonii dubbii qolaa kanneen akka horii, bineensaafi k.k.f amala namummaa gonfachiissuun dhiyeessudha. Haaluma kanaan walaloo kana k eessatti namoomsa barreessaan kun fayyadame haa ilaallu.

FKN.8 *Yee mallattoo gaaffii*
*Waadugdii kee dabduu*
*Dhimma keenya biraa*
*Ati yoom kan badduu*
*Kan taate qalbiitti*
*G uurrannee si baannee*
*Sin ga'u inni duraan*
*Si waliin jiraannee*
Fuula (55)

Walaloo armaan olii kana irraa akka hibannutti barreessaan kun mallattoo gaaffi fi amala namaa kenneefi jira. Biraa kan hin dhibamne yaada namaa keessaatti beekama kan jruufi nama waliin jiraata kan jiruufi ture ibsa. Amala kana kan qabummoo ilma namaati malee mallattoo gaaffii miti, kanaafu malleen dubbii kessoo nameessaa ( namoomsaa) fayyadamuun mallattii gaaffiitin qabee ergaa isaa dabarfachaa jira. Walaloo k anas waliin haa ilaallu

FKN.9 *Na danqituus Imala*

*Daandii keerra qajeeltee*
*Na madeessituus faana*
*Gulubii keerra aleelltee*
*Dagattuummaan deemee*
*Silaa kanaan kufu*
*Baqannoo na barsiiftee*
*Baga ji raatte gufuu*
(fuula 71)

Walaloo kana keessattii barreessaan kun gufuudhaaf amala namaa kenneef jira. Kan daandii namaarra deemee nama danqee (ittisee) eeggannoo nama barsiisu ilma namaati malee gufuu miti. Kanaaf amala dhalli namaa qabu gufuudhaaf kennee jira jechuudha. Walumaa galatti nameessa

fayyadamuun barreessaan kun walaloo kana keessatti yaadni inni ibsate kana qofa osoo hin taane hedduudha. Haa ta'u malee hubannoof fakkeenyi fudhatame gaa'adha.

### 4.1.5. Arbeessuu

Arbeessuun waa'ee waan tokkoo dhugaa ta'een olitti garmalee gurra guddisanii dubbaachudha. Kanas finnegan ( 2012 : 132) akka ibsetti dhimma tokko dhaadessuun miiroomanii amma suuraan mul'atuu olitti addeessudha. Mee walaloo armaan gadii waliin haa ilaallu

FKN. 10 *Sun immoo dureessadha*

*Kan qarshiin uddeellaa*
*Kuunnoo argaa hin jirtuu*
*Mana sana teellaa*
*(fuula 47)*

Namni qabeenya qabaachuun inuma jira barreessaan kun nama kanaa amma malee ol kaase jira. Mee walaloo kanas haa xiinxallu

FKN. 11 *Yaa baattoo kijibaa*

*Kan yaaddon sirrra labu*
*Dhibeen kee dawaa dhiisii*
*Si haa maaruu hin qabu*
*(fuula 62)*

Walaloo kanarraa akka hubannutti dhibeen nama kanaa dachaa hin qabu garuu namni kun rakkinni isaa soba waan ta'eef dawaan dhibee isaati soba dhiisu akka ta'e barreessaan kun ifatti kaa'era. Walaloo kanas haa xiinxallu

FKN.12 *Fooliin jibbaaf hamee*

*Qe'ee jaalalaa faalee*
*Caallaan jibbaa baayyatee*
*Gombisaan garaa dhaale*
Fuula (74)

Walaloo kana keessatti barreessaaan kun jibbi namaa baayychuu ibsuu ibsuu barbaadeeti. Namoonni kan Ilaalcha qajeelaa waliif hin qabneef wal hin jaallanne ta'uu isaanii ibsuuf akka waan jibbi gombisaa jiruutti arbeessuun ibse.

### 4.1.6. Sobdhugaa (fuggisoo)

Fuggisoo (sobdhugaa ) himiinsa yaada faallaa waan of keessaa qabu fakkaate yeroo itti siqan dhugaa ta;e kan argamudha. Jaarraa fi wasanee (2000 : 144) akka ibsanitti dhaamsi jechaa ykn hima irra keessaan soba fakkaate dhugaa ta'u eeamiti (fuggisoo) jedhama. Fakkeenyaf walaloo haa ilaallu.

FKN.13 *Gaafa gaafa dubbachuu*

*Ni kuulta ululleedha*
*Gaafa gaafa raawwachuu*
*Hin jirtu cululleedha*
*Lallabaa ooluu malee*
*Hin bartu waa gaafatte*
*Dhooqa irra utaalamuttis*
*Riqicha eegda dhaabattee*
Fuula (20)

Walaloo kanarratti akka hubannutti barreessaan kun nama qeeqa . namni inni qeequ nama afaanin dubbatee waan dubbate sana immoo hin raawwanne , nama haasaan isaa dhugaa faakkatee , gochi inni raawwate soba ta'u qeeqa. Walumaa galatti nama akka jedhe hin taane ibsa. Walaloo kanas waliin haa ilaallu.

FKN. 14 *Utuu karaa danqaruu*
*Gudeelchi wal b aatee*
*Utuu lukkuu kuffisuu*
*Mucuci hammaatee*
(fuula 13)

Akka walaloo kanarraa hubaannutti sobdhugaatti fayyadamuun ergaa dabarseera. Utuu lukkuu kuffisuu mucici hammaatee" kan jedhu soba , garuu yeroo ilaalaan dhugaa fakkaata ammaam

mucici hammaatelle lukkuu hin kuffisu , barreessaan kun jjibbi yoo baayyate wal kuffisuu akka fidu ibseera.

FKN. 15 *Qoccolloo yartuun fidduuf*

*Ga'een kee danda'udha*
*Harree si dhiitte dhhituun*
*Harree guddaa ta'udha*
(fuula 29)

Walaloo kana keessatti sobaaf dhugaatu wal makee jira. Qocolloo yartuun fiddu danda'uun dhugaadha garuu harree nama dhiitte dhiituun harree guddaa nama taasisa jechuun soba. Barreessaan kun sob dhugaa fayyadamuun waan hamaa namni nurratti dalage nutis yoo waan hamaan isaaf deebisne namicha caalaa nuti hamaa ta'uu keenya agarsiisa. Walaloo kanas haa xiinxallu.

FKN.16 *Mana warra gamaa*

*Nyaati maaddirraa hafee*
*Bineeldaaf laatama*
*Mana warra gamanaa*
*Nyaata hin jirretti*
*Qarriffaan jaatama*
(fuula 30)

Walaloo kana keessatti mana warra gamaatii nyaati maaddirra hafee bineeldaaf latamuun dhugaa ta'u dandaa'a garuu mana warra gamanaati nyaata hin jirretti qarriffaan jaatamaan soba. Sababni isaa qarrifaan namaa jaatama miti barreessan kun bakka dhiyeessin jirutti namni xiqqaadha, bakka tajaajilamtoonni jiraanitti dhiyeessin xiqqaachu isaa ibsaa jira.

### 4.1.7. Agiboo

Agiboon kallattin osoo hin taane karaa faallaa ta'een yaada ibsaamuun barabaadame ibsudha . ga'e sadoommii kanaa keessaa yaadi dhugaa fi sobaa kan wal makee jiru yoo ta'u dhaamsa

jechaa ykn himaa ibsa. keessaan soba fakkaata garuu dhugaa ta'a jechuudha. Mee walaloo kanas haa ilaallu.

FKN.17 *Dhawwata dhuunfaa keen*

*Siif har'i kaleessa*
*Da'annoo jiruukee*
*Gola dharaa keessaa*
*Mucucarra deemaa*
*Hin kufuu kakkatta*
*Sassaattummaa keetiif*
*Cireema kee hatta*

(fuula 20)

Walaloon kun yaadota faallaa of keessaa qaba dhaawwata dhuunfaa keen siif har'i kaleessa da,annoon jiruukee gola dharaa keessatti kan jedhu kun kaleessaa fi har'i nama kanaan kan wal hin fakkaanne ta'uu ibsa. Haaluma kanaan '' mucuca irra deemaa hin kufuu kakattaa.Sassaattummaa keetiif cireemakee hatta '' kan jedhu kunis namni kun mucucarra osoo deemaa jiruu hin kufu jedhee yeroo kakatu yaada sobaa ykn yaada faallaadha. Akkasumas ciree isaa eeggachu kan male sassaatumma isaaf of druraa hattunis yaada faalladha . gocha kana raawwachuun dhugaa ta'u waan faallaa raawwachuu isaati. Walaloo kana mee haa ilaallu

FKN.18 *Osoo akka hawwii*

*Osoo akka utuu*
*Cancala rakkinaa*
*Yaaduma ofiin kutu*
*Filannoon jiraatu*
*Guyyuu baqatanii*
*Arbaan sirbisiisuu*
*Gafarsaan qotanii*

(fuula 28)

Akka barreessaan walaloo kanaa ibsutti fedhiin namaafi wanti lafa kanarratti raawwatamu waliif faallaa ta'uusaati akka yaada namaatti cancalli rakkinaa fedhiidhhan kan citudha. Garuu namni rakkina kessaa kan ba'u hojiidhaan malee Fedhiidhaan miti. Hojii dhiisanii ta'aanii yaaduma ofiitiin arbaan sirbiisisanii gafarsaan qotuunis akka faayida hin qabne hubachiisera walumaa galaatti barreessaan kun agiboo fayyadamuun walaloo isaatiin ergaa dabarseera.

### 4.1.8. Fakkoommii Aadaa ( Cultural Symbol )

Fakkoommii falaasamaa namni sammuu isaa keessatti waan tokko yaada waan sanaa mallattoo waliin agarsiisuu jechuudha. Fakkoommiin aadaa mala barreessaan tokko falaasama sammuusaatiin waan aadaa sabaa tokko keessatti beekama taa'een bakka buusee ykn mallateessee agarsiisudha. Mee walaloo kanas fakkenya haa fudhannu.

FKN.19 *Gaaddisa odaa jalatti*

*Sirna gadaa kalaqee*
*Lafa itti yeroo duraaf*
*Dimookiraasiin madaqe*
*Dachee duubatti hafummaa*
*Kokkee qabee dubbachiisu*
*Hubatoo dargaggoon isaanii*
*Maanguddoo ormaa tuffachiisu*

(fuula 72)

Seenaa oromoo keessatti odaan bakka qaba , odaan mallatto araarati. Uummanni oromoo odaa jalatti wal ga'ee heeraa fi seera tumata. Odaa jala taa'ee wal araarsee, wal gorsee. Sirni gadaas uummata oromoo biraatti sirna ittiin bulmaatati oromoon sadarkaa aadaa keessatti ijoollee isaa naamusaa fi akkaataa bulchiinsa barsiisa. Aangoon sirna gadaa keessatti dabareedhaan darba. Kunis dimokiraasi addunyaaf ka'umsadha. Barreessaan walaloo kunis fakkoommi aadaatiin ergaa guddaa dabarseera.

#### 4.1.8.1. Fakkoommii Haala Galumsaa

Fakkoommin haala galumsaa barreessaan tokko akka yaadi isaa ifa ta’uuf jecha waan tokko waan biraan bakka buusee mallatteessudhaan dhiyeessudha. Walaloon armaan gadii kanas haa ilaallu.

FKN.20 *Yaaddoo tuqamuuketiin*
*Dhokadhee si jaaladha*
*Gurrattin sin amanuutin*
*Hasaase si waammadha*
*Yaa urjii qalbiikoo*
*Mararteen kee iccitii*
*Kunuunfannaaf malee*
*Lakki laayyof miti*
*( fuula 35)*

Akka walaloo kanarraa hubannutti, namni kaadhimaa isaa jaalatu kun baay’ee jaalachuu isaa haalaan ibsuuf urjiin bakka buusee ibsee jira.Walaloo kanas waliin haa ilaallu

FKN. 21 *Utuu karaa danqaruu*

*Gudeelchi wal baatee*
*Utuu lukkuu kuffisuu*
*Mucuci hammaatee*
*(fuula 13)*

Akka walaloo kanarraa hubaannutti sobdhugaatti fayyadamuun ergaa dabarseera. Utuu lukkuu kuffisuu mucici hammaatee” kan jedhu soba, garuu yeroo ilaalaan dhugaa fakkaata ammaam mucici hammaatelle lukkuu hin kuffisu , barreessaan kun jjibbi yoo baayyate wal kuffisuu akka fidu ibseera.

FKN.22 *Qoccolloo yartuun fidduuf*
*Ga’een kee danda’udha*
*Harree si dhiitte dhhituun*
*Harree guddaa ta’udha*
(fuula 29)

Walaloo kana keessatti sobaaf dhugaatu wal makee jira. Qocolloo yartuun fiddu dandda'uun dhugaadha garuu harree nama dhiitte dhhitanii harree guddaa ta'uun soba. Barreessaan kun sob dhugaa fayyadamuun waan hamaa namnai nurratti dalage nutis yoo waan hamaan isaaf deebisne namicha caalaa nuti hamaa ta'uu keenya agarsiisa. Walaloo kana haa xiinxallu

FKN. 23 *Mana warra gamma*

*Nyaati maaddirra hafa*
*Bieeldaaf laatama*
*Mana warra gamanaa*
*Nyaati hin jirretti*
*Qarriffaan jaatama*
(fuula 30)

Walaloo kana keessatti mana warra gammatii nyaati maaddirra hafee bineeldaaf latamuun dhugaa ta'u dandaa'a garuu mna warra gamanaati nyaati hin jirretti qarriffaan jaataman soba. Sababni isaa qarrifaan namaa jaatama miti barreessan kun bakka dhiyeessin jirutti namni xiqqaadha, bakka tajaajilamtoonni jiraanitti dhiyeessin xiqqaachu isaa ibsaa jira .

# BOQONNAA SHAN: CUUNFAA, ARGANNOOFI YABOO

## 5.1. Cuunfaa

Boqonnaawwan darban irraa hubachuun akkuma danda'amu Waraqaan qorannoo kun mata dureen isaa "*xiinxala Walaloo Qooqa miiraa  Ija Yaaxina Bifiyyeetiin"* jedhu irratti kan hojjatamedha.Waraqaan qorannoo kun akka kaayyootti gosoota sadoommii yookiin dubbii qolaafi caacculee isaan ijoo walalicha keessatti argaman xiinxaluu irratti kan xiyyeeffatedha. Sadoommiiwwan kunniinis akkasaa, agiboo, arbeessuu, bakkasaa, fakkoommiiwwanii, namoomsuufi sobdhugaadha. Akkasumas, Caacculeen Walaloo kana keessatti argaman immoo sarara, bilbila sagalee, yeedaloo, birsaga, filannoo jechootaati

Akaakuuwwan sadoommiiwwaniifi caacculeen walaloo *"Qooqa miiraa"* kana keessaatti argaman kunniinis gahee isaan hojii kalaqaa kana keessatti qaban akkaataa namootaaf ifa ta'uu danda'uufi gama hubannoo hawaasa Oromoo cimsuutiin Waraqaan qorannoo kun gumaacha cimaa kan godhedha.Kaayyoon qorannoo kanaa akka galma qaqqabuufis kitaabni kuusaa walaloo waraqaan qorannoo kuni irratti hojjatame haala gaariifi gadi fageenyaan xiinxalamuun ergaan inni dabarsu hubatamuuf danda'ameera.  Haa ta'uu malee, ergaa walaloo kanaa qofa osoo hin taane gosoota dubbii qolaa yookiin sadoommiiwwanfi caacculee walaloo kitaabicha keessatti argaman fakkeenya isaanii wajjiin kophaa kophaatti addaan baasuun fakkeenyota tokkoon tokkoon isaanii wal duraa duubaan itti kennuun xiinxalliifi hiikni bal'aan itti kennameera. Dabalataanis, Waraqaan qorannoo kuni ragaalee barbaachisoo yookiin quubsaa ta'an kanneen mata-duree kanaan walqabatan kanneen maalummaafi gosoota sadoommiiwwaniifi caacculee walaloo ibsan kitaabota garaagaraa irratti  ibsaman qorannoo kana cimsuuf fudhatamaniiru.

## 5.2. Argannoo

Qarannoon kun waantoota kaayyoo isaa irratti kaayyeffate irraa ka'ee kanneen akka maalummaa sadoommiiwwaniifi caacculee ibsuu, gosoota isaani ibsuu, maalummaa walaloo ibsuu, gosoota walaloo ibsuu, akkasumas akkaataa barreessaan walaloo "Qooqa miiraa" Kaayyoo sadoommiiwwaniifi caacculee kanatti fayyadamuun ergaa isaa dabarfate xiinxaluufi gosoota sadoommiiwwan walalicha keessatti argaman ibsuudha. Haaluma kanaan, argannoowwanarmaan gadii kunniin argamanii jiru.

1) Gosoonni kanneen akka: akkasaa, agiboo, arbeessuu, bakkasaa, fakkoommii, namoomsuufi sobdhugaa walaloo kana keessatti waloodhaan hojiirra oolanii jiru.

2) Caacculeen walaloo kanneen akka: Sarara, bilbila sagalee, yeedaloo, filanoo jechootaa, birsagaafi kanneen kana fafakkaatan irratti waloon haalaan fayyadameera.

3) Walaloo kana keessatti yemmuu sadoommiiwwaniifi caacculee kana irratti xiyyeeffachuun qorannoon kuni gaggeeffamu wantoota barreessaan kuni akkaataa dandeetti isaatiin waan ibsuu barbaadeen sana kallattii dhoksaa ta'een kan inni lafa kaa'e qotamee baafamuun bira gahameera.

4) Waloon walaloo isaa kana keessatti gosoota sadoommii jiran keessaa Tuqseetti hin fayyadamne.

### 5.3. Yaboo

Qorannoon kuni akaakuuwwan sadoommiiwwaniifi caacculee Kitaaba Walaloo "Qooqa miiraa"*Kaayyoo* keessatti argaman *Ija Yaaxina Bifiyyeetiin Xiinxaluu*" irratti xiyyeeffata. Akaakuuwwan kunniinis filannoowwan barreessaan kuni fayyadamu keessaa tokko waan ta'aniif walaloo kuni yaadaafi ergaa bal'aa akka qabaatu gumaacha o'laanaa taasisaniiru. Kanaafuu qorannoo kana keessaatti xiinxala sadoommiiwwaniifi caacculee isaa qofatu hojjatame waan ta'eef, osoo gama itti fayyadama afaan isaafi kanneen biro irratti ta'ee caalatti filatamaa ta'a. Dabalataanis, Ogbarruuwwan Oromoo guddisuufi ergaa barreessaan kuni dhalootaaf dabarsuu barbaade ifa baasa. Haa ta'uu malee, walaloo kanaafi kan biraa irratti qorannoon kanaan adda ta'e gosa jechoota adda addaafi qorannoo kallatti biraatiin osoo irratti hojjatamee guddina Ogbarruu Oromootiif bayeessa ta'a. Dabalataanis, walaloo kana qofa osoo hin taane walaloo Oromoo kanneen kanaan wal fakkaatan irratti gama sadoommiiwwaniitiifi caacculeen akkaata isaan yaada dhokataa qabaniin yookiin kallattii carraaqqiin bira gahamuu dnda'amuun osoo baay'isanii qorannoon irratti gaggeeffamee Ogbarruu hawaasichaatiif guddina ta'a. Gama biraatiin walaloon kuni jechoota humna qaban irraa waan ijaarameef danddeettii oguma ogbarruu caalatti nama hubachiisa waan ta'eef barreessaan biroo kan oguma akkanaa kana hin qabne jechoota humna qaban kan akkanaatti osoo gargaaramee dandeettiifi hubannoon dubbistootaas gadi fageenyaan waan xiinxaluuf garmalee cimuu danda'a.

**Wabii**

Abdii Waaggaarii.(2008). “Qaaccessa Asoosamoota Tuulaa Cubbuufi Ichima Jaalalaa Yaaxina Bifiyyeetiin” Waraqaa Qorannoo Ulaagaa Digirii (MA) Afaan Oromoofi Ogbarruun Guuttachuuf Yuunivarsiitii Addis Ababaatti Dhiyaate. ( Kan hin Maxxanfamne).

Asafaa Tafarraa . (2009). Eela: Seenaa Oguma Oromoo. Finfinnee: Far East trading Press.

Berhanu Mathews. (2009). Fundamental of Literature: Addis Ababa:Alpha Printers PLC.

Fedhasaa Taaddasaa .(2013). *Subii: Bu"uuraalee Ogbarruu Oromoo.* Finfinnee: Dhaabbata maxxansaa Subi Printing Press.

..…… (2017). *Bu’uraalee Ogbarruu Oromoo.* Finfinnee: Ilsaaba Printing  Press.

Mahaammad Shamsuddiin.(2011).” Qaaccessa Qabiyyeefi Bifiyyee Durdurii Oromoo Godina Harargee Bahaa Aanaa Baddannoo”. Waraqaa Qorannoo Digirii Baachilar- Aartii Afaan Oromoo, OgbarruufiQunnamtiin Gamisaan Guuttachuuf Yuunivarsiitii Addis Ababaatti Dhiyaate. (kan hin maxxanfamne).

Misgaanuu Gulummaa.(2011). *Dilbii: Bu’uura Afoola, Ogafaaniifi Walaloo Oromoo*. Finfinnee: Oromiyaa.

Misgaanuu, Fiqaaduufi Kaawwan. (2012).*Bu’uuraalee ogbarruu.(Afol 231).*Yunivarsiitii AmbooBarnoota gannaaf dhihaaatee kan hin maxxanfamne

Mitikkee Alamaayyoo.(2010). “Asoosama Dheeraa Madaa Ciqilee Ija Yaaxina Bifiyyeetiin” Waraqaa Qorannoo Digirii Baachilar-Aartii Afaan Oromoo, Ogbarruufi Qunnamtiin Gamisaan Guuttachuuf Yuunivarsiitii AddisAbabaatti Dhiyaate. ( kan hin maxxanfamne).

Muktaar Mahaammad. (2004). “Qabiyyeefi Bifiyyee Durdurii Oromoo Godina Qeellam Wallaggaa Aanaa Sayyoo”.Waraqaa Qorannoo Digirii Baachilar-Aartii Afaan Oromoo, Ogbarruufi Qunnamtiin Gamisaan Guuttachuuf Yuunivarsiitii AddisAbabaatti Dhiyaate. ( kan hin maxxanfamne).

Ragaa Isaayyaas. (2020*).Qooqa Miiraa.* Finfinnee: Oromiyaa

**Waraqaa mirkanneeffannaa**

Ani qorataan maqaafi mallattoon koo armaan gaditti eerame waraqaan qorannoo kun hojii koo ta'uu ibsaa, kanaan duras Yuunivarsiitii kamiyyuu keessatti qorannoo eebbaaf kan hin dhiyaannee ta'uu isaa, akkasumas, wabiilee qorannoo kanaaf fayyadame haala seera qabeessa ta'een fudhadhee wabii keessa galchuu koo nan mirkaneessa.

Maqaa qorataa__________________________________________

Mallattoo____________________

Guyyaa______________________

Maqaa gorsaa____________________________________________

Mallattoo ____________________

Guyyaa______________________